# Kitaaba Yoonaasii Raagichaa

## Seensa

Raagi Yoonaasii, kitaaba dabarsi'ii ka raagicha ajaja Waaqaa muummessuu dhabe tokko irratti, rakkoo jadduu dhaqqaddu ka himu waan te'eef, kitaabota raagaa ka dhibii irraa adda ka te'e. Waaqi Yoonaasiin, «Gara qachaa guddaa nyaapha hamaa kolbaa Israa'elii te'e, gara mootii guddaa mootummaa Asiriya'aa biyya Nanawwe'ee dhaqi» jedhee ajaje. Yoonaas ammoo, «Waaqi qachaa san balleessiisaaf ifi eeggachiisa jabaa kenne hujii irra hin oolchu» jedhee waan hedeef, ergaa Waaqaa gara biyya Nanawwe'ee fuudhee geessuu hin feene. Wonni hedduun adda addaa teeteen duuba jaalatuu dhabulle ajajame; raagi badi'iille adoo hin muummowin waan hafeef mufate. Kitaab kun Waaqi dada duudii irratti baallii akka qabu hubachiisa. Waaqi irra caalaa, Waaqa jaalalaatii fi mararti'ii te'uu isaatiin nyaapha kolbaa ifii adabu'uu fi balleessuu irra akka isaaniif araaramuu fi fayyisuu barbaadu hubachiisa.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Waamamiisaa fi ajajama dhabuu Yoonaasii *1:1-17*

Cubbuu irraa deebi'iisaa fi bayiisa Yoonaasii *2:1-10*

Erga Yoonaas Nanawwee irratti dubbate *3:1-10*

Waaqi kolbaa qachaa Nanawwe'eetiif marare *4:1-11*


*Ajajama Dhabuu Yoonaasii*

1 Gaafa tokko jechi Mootii Waan Maraa gara
Yoonaasii ilma Amiitaayii dhufee,
2 «Ka'ii, gara Nanawwee qachaa gudda'aa dhaqi;
hammeenni namootaa guddatee na bira waan
geyeef itti lallabi» jedhe.
3 Yoonaas ammoo, fuula Mootii Waan Maraa
duraa baqatee gara ollaa Tarshiishii deemiisaaf
ka'ee, ollaa Yoopheetitti gad bu'ee hoboloo guddit-
tii gara Tarshiishii deemaartu dhaggate; inni gatii
ittiin deemu kaffaleen duuba, fuula Mootii Waan
Maraa duraa gara Tarshiishii baqatiisaaf hoboloo
guddittii yaabbatte.
4 Mootiin Waan Maraa ammoo bubbee jadduu
abbaayaa irratti kaase; danbaliin jadduun ab-
baayaa irratti waan kaateef, hoboloon guddittiin
caccabiisaaf dhikaatte.
5 Worri hoboloo san oofu duudiin guddoo so-
daatanee, nami marti tokko tokkoon isaatuu gara
waaqota ifii iyye. Akka itti sallatuuf meya hoboloo
guddittii keessa jiru gara abbaaya'aa gad gatane;
Yoonaas ammoo kolloo hoboloo sanii keessa gad
bu'ee, addee irkatetti hirriiba hamaa keessa ji-
raayyu.
6 Ajajaan hoboloo gudditti'ii gara isaa dhikaa-
tee, «Attam akkana ifi gattee ratta? Ka'ii waaqa
keeti waammadhu, takki nuu nayee badii irraa nu
hambura fa'a» jedheen.
7 Worri hoboloo san oofu, «Wonni hantuun tun
sababa eennuutiif akka nu irra geette beekiisaaf,
kowa'a hixaa buufanna» woliin jedhane. Isaan
hixaa buusanee hixaan Yoonaasitti bu'e.
8 Maarre isaan, «Wonni hantuun tun sababa een-
nuutiif nu irra geette? Hujiin teeti maan? Eessaa

dhutte? Biyyi teeti eessa? Gosii maan? Nutti
himi» jedhanee isa gaafatane.
9 Inni deebisee, «Ani nama gosa Ibraawi'ii ti; ani
Mootii Waan Maraa Waaqa ol gubba'aa ka lafaa fi
abbaayaa dade Waaqonfadha» jedhe.
10 Inni marroo ifii dursee isaanitti waan
himeeruuf, akka inni Mootii Waan Maraa duraa
baqataaru beekane; tanaaf guddoo sodaatanee,
«Wonni ati goote kun maan?» jedhanee isa
gaafatane.
11 Danbaliin ittuma jabaataa waan deenteef,
isaan, «Akka danbaliin sarmitu maan si goona?»
jedhaneen.
12 Yoonaas deebisee, «Rakkoon danbali'ii tun
sababa kiyyaaf akka teete hin beeka. Abbaayaa
gudditti'itti na gata'a; yoos danbaliin hin sarmiti»
jedheen.
13 Jarri ammoo hoboloo guddittii gara lafaa
baasiisaaf, haga hunna ifii laaqane*; ammoo dan-
baliin ta qaraa caalaa ittuma waan jabaatteef, hin
dandeenne.
14 Maarre isaan bowanee, «Maganne'e Mootii
Waan Maraa, sababa lubbuu namicha kanaatiif
nu hin balleessin, akka worra nama yakkaa hin
qanne ijjeesuutitti nu hin laakkowin; ee Mootii
Waan Maraa, ati waan jaalattu gooteerta» jed-
hane.
15 Achiin duuba Yoonaas fuudhanee
abbaaya'atti gatane; danbaliille takkumaan
sarmite.

* **1:13** *Laaqane:* Laaqiis kun mukaan bisaan gurduummatane; lafa tokko tokkotti gurduumane jedhama.

16 Wonni kun jara guddoo waan sodaachitteef,
ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeessanee, isa
tajaajiliisaaf waadaa galane.
17 Ajaja Mootii Waan Maraatiin qurxummiin
guddoon takka Yoonaas liqinsitee, innille guyyaa
sadii fi halkan sad gadhaa qurxummi'ii keessa
bule.

# 2

## *Daadimata Yoonaasii*

1 Yoonaas gadhaa qurxummi'ii keessaa Goottaa
Waaqa ifii daadimatee,
2 «Rakkoo tiyya hantuu keessatti Mootii Waan
Maraa kiyya ani si waammadhe,
atille naa deebitte.
Qilee awwaalaa jalaa ani sitti iyyadhe,
atille naa dhageette.
3 Ati gara gadhaa abbaaya'aa,
qilee keessatti,
addee bisaan na marsetti na gatte;
hunni guddoon danbalii teetiille na gubbaa yaate.
4 Yoos, ‹Ani fuula keeti duraa gatameera;
deebi'ee Galma woyyicha keetii
hin dhaggaa laati?› jedhee yaadadhe.
5 Bisaan na irra yaa'ee na lixxisiiseera;
Abbaayaan ijjuma na buxxeerti;
marri bisaan keessaalle mataa kiyyatti marame.
6 Ani gaarota jalatti,
lafa balbalti haga bara baraa
natti cufantetti gad bu'e.
Mootii Waan Maraa Waaqa kiyya ati ammoo,

jiru'uun qilee keessaa na baatte.
7 Yennaa jiruun tiyya na dadhaddetti,
Mootii Waan Maraa kiyya,
ani gara keeti daadimadhe;
Galma woyyicha keeti keessalle'ee
daadimata kiyya naa dhageette.
8 Worri waaqota dharaa waaqonsu
badhaadha dhaggatiisaaf malane hin dhaban.
9 Ani ammoo faaruu leellisaatiin;
ciincaa si'iif hin dhikeessa.
Waan waadaa si'iif galelle hin godha.
Fayyinni Mootii Waan Maraa irraa dhufa» jedhe.
10 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akka
qurxummiin Yoonaas tuttuuf ajaje; qurxummiille
lafa bisaan hin jirre irratti isa tutte.

# 3

### *Yoonaas Mootii Waan Maraatiif Ajajame*

1 Jechi Mootii Waan Maraa yennaa
lammeesso'oo gara Yoonaasii dhufee,
2 «Ka'ii, gara Nanawwee qachaa guddichaa
dhaqiitii ergaa ani si'itti himu kolba'aaf lallabi»
jedheen
3 Maarre Yoonaas jecha Mootii Waan
Maraatiif ajajamee, Nanawwee dhaqe. Qachaan
Nanawwe'ee guddaa waan te'eef, maddii tokko
irraa ka'anee gara maddii taanii geyiisaaf deensa
guyyaa sadii fudhata.
4 Yoonaas qachaa keessa seenee, deensa guyyaa
tokkoo deemeen duuba, «Nanawween guyyaa afurtamatti baddi» jedhee lallabe.

5 Kolbaan Nanawwe'ee Waaqatti dhugeeffatte.
Isaan cubbuu irraa akka deebi'ane mudhisiisaaf,
nami marti guddaan, diqqaan akka laamuuf las-
sanee, woyaa gaddaa uffatane.
6 Mootichi qachaa Nanawwe'ee oduu tana yen-
naa dhage'e, barcumaa ulfinna ifii irraa ka'ee,
woyaa ifii ifi irraa baasee, woyaa gaddaa uffatee
daadhaa irra tee'e.
7 Achiin duuba mootichi gara kolbaa
Nanawwe'ee lassii erge; lassiin baate sun
mootichaa fi qondaaltota isaa biraa akka
ajajametti: «Eennulle woy afaaniin hin qabin;
horiin, hooleelle marra hin dheedin; bisaanille
hin unin.
8 Nami martii fi horiin gadda uffatanuu ti.
Nami duudiin jabeessee gara Waaqa daadimataa,
karaa hammeenna ifii lakkisee hujii hantuu ifii
irralle'ee deebi'uu ti.
9 Eentu beeka? Takki Waaqi nuu nayee, aarii
hantuu ifii nu irraa caffatee, nulle hin bannu fa'a
teeti» ta jettu.
10 Waaqi waan isaan godhanee fi karaa hamaa
ifii irraa akka isaan deebi'ane yennaa dhagge,
isaaniif nayee, badii isaan irratti geessisiisaaf
yaade hin geessine.

# 4

## *Aarii Yoonaasiitii Fi Marartii Waaqaa*

1 Yoonaas ammoo marroo waan kanaa guddoo
gaddee aare.
2 Inni gara Mootii Waan Maraa daadimatee,
«Mootii Waan Maraa kiyya, adoo biyya tiyya jiruu,
wonni ani dubbadhe tanumaa motii ree? Ani

tanaaf dafee gara biyya Tarshiishii baqadhe. Ati
Waaqa arjaa, mararaa, ka aari'iif hin ariifannee
fi ka jaalala bara baraa guddaa qaddu, waan hantuu fidiisaaf murteeffattelle ka lakkittu akka teete
beekeera.
3 Amma Mootii Waan Maraa kiyya, lubbuu tiyya
fudhadhu. Jiraatu'uu mannaa du'uu naa woyya»
jedhe.

4 Mootiin Waan Maraa ammoo deebisee, «Aariis
keeti sirri'ii?» jedheen.

5 Yoonaas qachaa keessaa bayee gara aduun
baatutti tee'e. Achitti gosee midhaaffattee, waan
qachaan sun te'u dhaggiisaaf gaaddisa jala tee'e.
6 Achiin duuba Mootiin Waan Maraa akka Yoonaas aarii ifii caffatu buqqii lachisiisee, isaan
gubba'atti gaaddisa godheef. Yoonaasille buqqii
latte sanitti guddoo gammade.
7 Boruyyaa ammoo gara ganamaatitti, Waaqi
akka corroxxi buqqii san nyaattu ajaje; buqqiille
godde.
8 Yennaa aduun baate, Waaqi qilleensa o'aa
ka gara aduun baatuu erge; o'i adu'uulle mataa
Yoonaasii waan gubeef gaggabe. Maarre inni,
«Jiraatu'uu manna du'uu naa woyya» jedhee du'u
halche.
9 Waaqi ammoo Yoonaasiin, «Ati marroo
buqqi'iitiif aariis keeti sirri'ii?» jennaan,

Inni deebisee, «Ani haga du'aatitti aariisa qaba»
jedhe.

10 Mootiin Waan Maraa ammoo, «Ati buqqii itti
dadhaddee hin guddisin, ta halkan tokkotti guddattee, halkan tokkotti godde saniif gadditeerta.

11 Qachaa guddaa Nanawwe'ee ka namooti kuma dhibba tokkoo fi diddam, ka middaa fi bitaa ifii addaan hin beenne, horiin hedduulle keessa ka le'u kanaaf guddoo nayuu hin qabu ree?» jedhe.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e